CUUNFAA GUMII TWOWW (UOEC) ISA 20FFAA, WINNIPEG CANADAA, JULLY 22-23, 2015

HIRMAATTOTA

1) Adde Faantaayee Sarkaa	Itti aanaa Dura ta'aa, UOEC
2) Obbo Toleeraa Bayyanaa	Barreessaa, UOEC
3) Obbo Abrahama Jeto	Abbaa Herregaa, UOEC
4) Obbo Abebeb dheressaa	Calgary, Canada
5) Kaasaa Lataa	Cagary, Canada
6) Fiqiruu Lamuu	Ohio Evan.l Church
7) Luba Malkaamuu Nagarii	Reddemer, MN
8) Obbo Admaasuu	Redeemer, MN
9) Obbo Malakaamuu Dureessoo	Hamburg, Germany
11) Obbo Zelalem Gammadaa	Toronto, Canada
12) Luba Melaakuu Tizaazuu	Kensas City, MO
13) Luba mazgabuu Tuuchoo	Toronto, Canada
14) Obbo Sisaay Jambolaa	Washngton DC
15) Adde Yeshii Abbayaa	Winnipeg, Canada
16) Obbo Xilaahun Cawaaqaa	Winnipeg, Canada
17) Luba Asaffaa Areddoo	Winnipeg, Canada
18) Luba Teka Fogi	Kingston MD
19) Luba Dr Debalaa Birrii	Oromia/Chicago
20) Luba Kamisoo Boruu	Huston TX
21) Esxifaanos namarraa	Atlanta, GR
22) Samuel Yaadataa	Columbus, OH
23) Amaaree Gadaa	Seattle, WS

CUUNFAA GUMII TWOWW (UOEC) ISA 20FFAA, WINNIPEG CANADAA, JULLY 22-23, 2015

24) Kalbeessaa Raggaasaa	Bay Area, CA
25) Lub Guutaa Yaadataa	Bay area, CA
26) Tamirat Shuluu	Ebenezer, MN
27 Araarsoo Emiruu	Las Vegas, NV
28) Luba Alamuu Sirneessaa	Columbus, OH
29) Luba Caalaa Baaroo	Ebeneze, MN (4pm)
30) Luba Alamuu Xilahun	Melbourne, AU (4pm)
31) Adde Duree nagaasaa	Nairobi, Kenia July 23
32) Luba Guyyoo	Phonix, AZ July 23
33) Ittafaa Nagaasaa	Ebenezer, MN
34) Luba Haroo Galagaloo	Portland, OR

Walgahii Lubootaa fi tajaajiltootaa July 22, 2015

1. Ajandaan manaaf dubbifamee kadahannaan luba waldaa Winnipeg luba Aseffaa Araddoon godhamee sagantaan waaqeffannaan jalqabame, Lubni Dr Mazgabuun mata duree Iyaasuu boqonnaa 6 kan boardiin kennameefiin barsiisa kennaniiru, Gumiinis gartuu (group) dhaan akka irratti mare godhu gochuun kutaa sadiitii qoodamuun mareen godhameera.

2. Waaree boda, mijuun (quorum) guutuun mirkanaa'ee akka koreen filachiiftuun akka filamu manatti dhihaate. Dursa waldootni seera xumuratan, kan buusii fixatan adda bahee ha beekamu kan jedhu sanaa booda warri akka seeraatti ulaagaa guutanii mirga filuu fi filatamuu qaban qofti hirmaachuu qabu kan jedhu gaaffii seeraa ka'ee ture. Yaadota board fi hirmaattota keessaa ka'een, yaadni ulaagaa seeraa guutuu dhugaa ta'ee utuu jiruu, haala rakkisaa tokkummaan kun keessa turee fi ammallee itti jiru keessatti ulaagaa kana guutuun rakkisaa waan taheef, ammaaf dabarree seera bulmaataa (by laws) ammuma fooyyeffannee seeraan haa adeemnu jechuun sagaleetti dhihaatee sagalee 26 keessaa sagaleen 19 deggeree, saglee 7 ammoo callisaniiru. Akka kanaan ammaaf akkuma kanatti dabarree fuulduraaf garuu seera mirgaa fi dirqama waldoota miseensa tahan

hundumaa sirriitti ibsuun akka hojjennuuf sagalee wayyabaan irratti waliig galleerra.

Koreen Filachiiftuu namoota sadii of keessaa qabu filame
Isaanis

1. Luba Dr Debelaa Birrii
2. Luba Caalaa Baaroo
3. Luba Aseffaa Nagaa

Walgahii Guyyaa lammataa July 23 , 2015

Kadhannaa fi Waaqeffannaan luba kamisoon geggffame
Sagaleen Waaqayyoo raajii Isaayas…. Luba Dr Takkaan barsiifame

Yaadaa fi gabaasa waliigala qophaawe irratti mareen godhamee kutaa tokkoffaa kan Challenge #1 jedhu irratti gumiin waliif galee kan adeemsa keenyatti gufuu (challenge) tahu akka yaada board dhiheesse irratti hojjetamee dhihaatu irratti waliif galameera.

1. Kana raawwachuuf ammo koreen goorsituu (advisory committee) dhaabuun barbaachisaa taha kan jedhu, akkasumas ammo koreen filamu kun ulaagaa inni ittiin filmuu fi dhuguma koreen filame kun dhugumatti hojjechuu ni danda'aa laata kan jedhus yaaddoon jira. Yaadni boordiin dhiheesse hirmaattottatti dhihaatee barbaachisummaa isaa irratti akka yaadni kennamee "Barbaachisaa dha" isa jedhu irratti waliif galamee, murtoon kunis fuulduratti seera keenya (by Laws) keessa seenee akka seera tahu sagalee guudttuun irratti waliif galamee jira.

2. Waa'ee sabquunamtii fi maxxansaa irratti mareen godhameera. Akkuma kanaan yaadni adda addaa irratti kenname keessaa, barbachisummaan isaa kana wal nama gaafachisu miti, garuu yeroon isaa fi humni isaa jiraachuu dha. Barbaachisummaa isaatti waliif gallee akkaataa fi haala ittiin hojjetamu ammo Boardin akka murteessu jechuun sagalee guutuun fudhatamaeera.

3. Conference waggaatti qophaawu irratti waldaan qofti qopheessuu, namoota lallaban, barsiisan, faarfatan irratti Boardiin wal gargaaranii dinagdeenis wal bira dhabbatanii akka qopheessan yoo tahe, yoo waldaan qopheesse kan waldaa qofa akka hin taane, yoo boardin qopheesse ammo kan board qofa akka hin taane, lachuu wal tahuu dhaan akka hojjetamu. Keessattuu namoota lallabaa fi barsiisa ijoo (key) tahan akka boordiin afeeruunis tahe waldaa qopheessituu wajjin tahuun boardin baasii isaanii dand'ee akka godhan yaada gumiin irratti waliif galan taheera. Kunis akka waldootni xixinnoon hamilee godhatanii conference

qopheessuuf kaka'an nu gargaara. Kanaafuu waldootni hundi buusii isaanii akka baasan dirqisiisuu, buusii addaas buufamee kan jedhu. Gama kaaninn ammo $6,000.00 (kuma jaha) waldaa qopheessituuf ha kennamu kan jedhu yaadni bal'aan mareef dhihaatee ture. Ha tahu malee waldaan gargaaramuun akkuma deggerametti tahee boardin haala hmna isaa fi kan waldattii ilaalamee ha murtaa'u kan jedhutti waliif galame.

Itti gaatama buusii waldootaa ilaalchisee

1. Yaadni boardiin waldaan tokko buusii miseensa waldaa nam tokkotto $10 jedhu gaarii dha. Waldaan miseensa tokkummaa kanaa taatee buusii kana wagootii lamaaf hin buufne miseensummaan ishee akka mulqamu kan jedhu irratti waliif galamee jira. Yaada Boardiin dhiheesse sagalee guutuun fudhanneerra.

2. Walgahii Gumii 19ffaa kana bara 2014 tahe irratti waldoota hidhata ELCA walin qabanif carraa waggaa tokkoo kennuun waldootni Akka Atlanta, DC kkf akka murtoo fudhatan nu gargaaree humna tokkummaa keenyaa jabeesse jira, kanaaf guddiifnee Waaqayyoon ni galateeffanna. [Waa'een seeraa ka'ee ammaaf rakkoo keenya furree hamma dhihaatutti seericha barruu gabaatiin bakka bu'eera. Kunis akka beeksifamu waliif galameera.]

3. Waa'ee Waldoota ELCA walitti hidhata qaban irraa adda bahuutti qabxii murtiif dhihaate sadan irratti mareen godhamee,

    a. Waldootni hidhata akka ELCA fi kan biro kan dhugaba'umsa Wangeelaa kan warra wangeelaa irraa adda ba'an, tokkuummaa amantoota keenyaa fi dhugaba'umsa wangeelaa isa dhugaa of gidduutti eeguu jechaa kan hidhata isaanii hiikachuuf tattaaffii gochaa jiran, gochaa jiraachuu isaaniis kan gumii isa 20ffaa UOEC kana kan beeksisan, adeemsa eegalan akka ciimfatan gumiin kun jajjabeesseera. Iyyaafannaa fi jajjabeessunis akka hordofaman, akkasuams yeroodhaa yerootti haala irra jiraan akka gumii kana quba qabaachisan waliif galameera.

    b. Waldootni muraasni kanneen hamma seera isaanii hin raawwannetti ELCA waliin turuun rakkoo hin qabu, akkaataa itti jiraannuu fi eenyu wajjin akka jiraannu tokkummaan (UOEC) kun nuuf hin murteessu jedhan ammoo qaama tokkummaa UOEC tahanii turuuf yoo fedhii qabaatan yeroo waggaa tokkoo keessatti hidhata waldaa dhugaba'umsaa wangeelaa isa qajeelaa kadi dhiise kana irraa of hiikuuf karoora yeroo murtaa'ee irratti hundaa'e (an exit plan with time frame attached to it) akka fidatan gummin kun murtesseera. Yoo hamma waggaa tokkootti kana hin godhan tahe garuu

CUUNFAA GUMII TWOWW (UOEC) ISA 20FFAA, WINNIPEG CANADAA, JULLY 22-23, 2015

akka waan fedhii ofiitiin tokkummaa (UOEC) kana keessaa bahanitti lakkaa'amee, ala turanii garuu yeroo murtoo ELCA irraa adda baasu fudhatanitti tokkummaa kanatti deebi'uuf gaafachuu akka danda'an kan jedhuun murtoon sagalee 21 deggere, sagaleen 6 ammoo mormeen darbee jira.

4. Koree board filachuu ilaalchisee Board kana waggaa tokkoof akka waliin hojjetu Dr Gammachuu Ol'aanaa akka itti nuuf fufu kan jedhu yaadni koree Filachiiftuu irraa dhihaatee, gumiin irratti maree godhee Dr Gammachuunis yaadicha akka nuuf fudhatuuf gaafatamee waggaa tokkoof tole jedheera. Mannis harka walitti rukutuun fudhateera. Kanarratti mormiinis callfnis hin turre.

5. Gama kaaniin namootni miseensota board tahuun waggaa lamaaf hojjetan namootni 7 maqaa dhahamanii namootni afur
   1) Adde Yeshii Olqabaa sagalee 21
   2) Luba Mazgabuu Tuuchoo sgalee 20
   3) Luba Alamuu Somboo sagalee 18
   4) Obbo Admaasu Simeessoo sagalee 16

   Obbo Fiqiruu lamuu sagalee 14 waggaa dhufu koreetti dabalmu
   Luba kamisooBoruu sagalee 10 eeggataa yommu tahan

   Obbo Abebe dheressaa fi obbo Abarraan sagalee 9 wal qixa argachuun hafaniiru
6. Co-ordinator nu barbaachisa moo hin barbaachisu jedhamee mareen godhamee ture, sagalee irra guddaadhaan waggaa dhufutti akka irratti haasa'amu waliif galameera.

7. Waldootni conference 21ffaa bara 2016 qopheessuuf fedhii agarsiisan 4 turan, isaanis Our Redeemer (MN) waldaa warra Wangeelaa DC, waldaa warra wangeelaa Ohio fi waldaa warra wangeelaa Atlanataa turan. Isaan kun maaliif akka qopheessuu barbadanii dabaree dabareen manaaf ibsanii Gumiin sagalee 12 DC filateera, kanaaf gumiin 21ffaan kan bara 2016 DCtti akka tahu murteen godhameera.